Irreechaan Ayyaana Walooma Oromummaa Ta’uun Kabajame!

(Oromedia, Melbourne, 05-10-2010) Ayyaanni Irreechaa waggaa waggaaan kabajamaa jiru, baranas sirna hoo’aa fi leelloo miidhagaan kabajame; Irreechaan baranaa walooma Oromummaa akka ta’u illee dhaamamee jira.

Walooma Oromummaa

Oromedian akka gabaasetti, Irreechaan Onkoloolessa 3, 2010 sadarkaa Oromiyaatti kabajame, Australia, magaalaa Melbourne, Footscray Park, birattis guyyaa Waaqaa galateeffannaa qofaa otuu hin ta’iin, guyyaa aadaa fi eenyummaa Oromoo itti tifkatan ta’uun kabajamee oole.

Akka aadaa Irreeffannaattis sirna kana irratti namuu bakka tokkotti akka walitti qabamu godhame. Kun mallattoo dhalli namaa HORO tokkicha irraa baay’achuun adda adda deemee, guyyaa Irreechaa kanatti immoo tokkummaa isaanii ibsuuf walitti deebi’an yaadachuuf akka ta’e seenaa ka’umsa Irreechaa irratti barsiisamee jira.

Akkanaan Irreechaa Melbourne, bakka Footscray Park jedhamutti kabajame kana irratti maanguddooti angafaa quxisuun waamamanii akka eebba sabaa kennan godhame. Eebba, eegala “ Hayyee Yaa Waaq,” xumura immoo, “Gabbis Waaq,” jedhametti aansuun beeksisa sirna Irreeffannaatu himame.

Irreechaa:Mallattoo Eenyummaa Oromoo

Akka sirna Irreeffannaatti namuu marga jiidhaa fi daraaraa harkatti qabata. Irreeffannaaf dubartooti dura deeman; warri dhiiraa itti aananii deeman. Akka Malkaa gahaniin angafti dursee irreeffata; achiin namuu akkuma hiree argateen Malkaatti gad jedhee marga harkaa qabu qarqara malkaa kaayee bishaan si'a shan addaan tuqata. Irreeffattooti magaalaa Melbourne, Footscray Park biratti argamanis akkuma duudhaa Irreeffannaatti kanatti dubartootaan dursamanii Irreeffachuun kan darbeef Waaqa galateeffatanii, kan dhufuuf immoo Waaqa kadhatanii deebi'an.

Ayyaana Irreeffannaa kana boodas barumsa aadaa fi eenyummaa Oromoo ilaalchisee kenname irratti, "namuu aadaa isaa kabajachuu fi tifakachuun mirga dhalootaan goonfate ta'u illee, Oromoon akka sabaatti mirga dhalootaa kana dhabee jiru. Namuu aadaa isaa kabajachuuf mirga guutuu qaba. Mirga dhabe immoo deebifachuuf qabsoo diddaa garbummaa jabeessuu qaba," jedhame.

Irreeffannaa, Footscray Park

Sirna irreeffannaan boodas barumsa aadaa fi eenyummaa Oromoo Ob Dhaabasaa Waaqjiraatiin kenname irraa akka hubatametti, Irreechaan guyyaa walooma Oromummaa ti. Guyyaan kun guyyaa eenyummaa saba Oromoo ti. Guyyaa Oromoonni akka sabaatti leelloo aadaafi kabajaa eenyummaa isaanii waloomaan kabajatan, ayyaana walooma Oromummaa ti.

Ayyaanni Irreechaa Ayyaana aadaa fi eenyummaa Oromoo guutuu mul'isu ta'uu kan ibsan Ob Dhaabasaan, hundeen ka'umsa seenaa Irreechaas, kaawoo Gadaa Malbaa waliin akka walqabatu yeroo himan, " Irreechaan akka Ayyaana aadaa Oromootti kabajamuu erga eegalee Gadaan 80 maree jira. Akkanaan Irreechaan ganamaa kan Malkaa Mormor biratti bara Gadaa Malbaa keessa kabajame. Kun immoo akka lakkoofsa Gadaatti gara waggaa 6400 ol ta'a," jedhanii jiru.

Abbootii fi haadholiin keenya aadaa fi seenaa Oromoo dhaloota ammaan kan gahan aarsaa olaanaa, kan lubbuu fi qabeenya isaanii itti dhabaniin ta'uu illee kan eeran Ob Dhaabasaan, ayyaanota eenyummaa Oromoo ta'an biroo illee qorannoo fi qo'annoon gabbifachuun qaccee fi leelloo eenyummaa Oromoo dhaloota eegereef akka kaayamu jabeessanii dhaamanii jiru.

Haata’uutii namooti gariin Irreechaa ayyaana amantii callaa akka ta’etti hubataa jiraachuu irrattis deebiin kenname, “aadaa fi amantii addaan baasuun rakkisaa dha. Garuu, Irreechaan ayyaana leelloo aadaa fi kabaja eenyummaan Oromoo ittiin deebisanii mul’isanii dha. Dhalooti haaraan dirqama egeree fudhachuuf jirus, akkuma garbummaa didee falmaa jirutti, leelloo aadaa fi kabaja eenyummaa Oromoo waantota dabsan yookaan xiqqeessan kamuu diduuf mirga qaba. Bilisummaan mirga waan namaaf ta’u itti filatan akkuma ta’e, guyyaan Irreechaas mirga waan namaaf hin taane itti didanii dha.”

Dhaamsi Ayyaana Irreechaa kanaan dahatamee darbe akka hubachiisuttis, sabni kamuu eenyummaa isaa tiksuuf aadaa waloon qabu kabajachuun mirga dhalootaa qofaa otuu hin ta’iin, dirqama lammummaa ti. Irreechaan ayyaana eenyummaa saba Oromoo dhalootaa dhalootatti darbaa jiruu dha.

“Seenaa namaa dabsuun, yookaan jallisuun mirga namaa dabsuu yookaan jallisuudha,” kan jedhan maanguddoon Oromoo yeroo jalqabaaf Ayyaana Irreechaa kana irratti argamanis, “aadaa boonsaa dha. Aadaa miidhagaa dagaagee mallattoo eenyummaa Oromoo ta’uu dha. Irreechaan guyyaa naannoo fi uumama illee itti eegan waan ta’eef dhibdee addunyaaf dawaa kan ta’uu dha,” jedhanii jiru.

Dhaloota Haaraa

Ayyaana kana irratti Dhangaan qophaa'e erga nyaatamee booda dargaggooti akkuma gita gita isaaniitti walta'anii walbohaarsaa oolanii jiru. Yeroo kanatti ijoolleen Gaammees uffannaa aadaa fi eenummaa Oromootiin faayaman uffachuun gammachuu olaanaan taphachaa oolan. Ayyaana Irreechaa kana irratti shamarreen argamte tokkos, "Irreechaan ayyaana jaalalaa ti! Sirni kun sirna Oromoon ittiin waloomuudha," jettee jirti.

Dhiichisa baranaa keessaa tokko immoo, "Hayyee yaa coqorsaa, Coqorsa Irreechaa, galanni kan Waaq, isa nama galcha," kan jedhuu qalbii fi yaada Irreeffattootaa kan hawwate ture. Dhiichisa kana irrattis dhiiraa dubartiin walqabatanii, ragadaa fi maashoo, shaggooyyee fi Iyyaasee fa'aatiin naanna'anii dhodhommoqaa oolanii jiru.

Akka lakoofsa Gadaatti barri kun bara Gadaan Malbaa (6397-6404) aangoo isaa fixee gara Gadaa Muudanaatti dabarsuu dha. Gadaan Muudanaas baroota saddeetiif (6405-6412 kun ALA 2011-2018) sabaa fi biyya qajeelchuuf of qopheessaa jira. Aangoon kan kennamuu fi fuudhamu immoo akka Dhahaa Oromootti barri haaraa seenee baatii tokko booda Guraandhala keessa ta'a.

Dhaloota Haaraa

Ayyaana kana irratti namooti argaman yaada kennaniin aadaa keenya kabajachuun, seenaa keenyas barreeffachuun mirga dhalootaa, bilisummaa, uumamaan qabnu keessaa isa tokko. Namuu aadaa isaa kabajachuu fi seenaa isaa barreeffachuuf mirga guutuu qaba. Mirga guutuu yeroo jennu, kabajaa, leelloo fi marartoo aadaa fi seenaa waan cabsu yookaan waan xiqqeessu irraa eegamuu dha.

Irreechaan walooma Oromummaa ta'uu irrattis akka ibsametti, namuu akkuma aadaa fi seenaa isaa yoo jalaa dabe itti dhaga'amu, kan nama biraa illee dabsuunis dhukkubsaa dha. Namuu waan ofii isaa jaalatu, akka jalaa xuqamu akkuma hin feene, kan nama biraa illee tuquu hin qabu. Kun immoo mallattoo walooma uumaa-uumamaa ti.

Ayyaanni Irreechaas yeroo itti aadaa fi eenyummaa Oromoo tifkatan qofaa otuu hin ta'iin, yeroo itti aadaa fi eenyummaa saba biraa illee kabajan, yeroo walooma uumaa-uumamaas itti eeganii dha. Kun immoo, akka dhaamsa darbeetti, Irreechaan baranaa ayyaana walooma Oromummaa ta'uun kabajame.

--